# Sirna Barnootaa Haaraa Hojiirra Oolchuuf

# Karoora Raawwii Hojii Yaalii Sirna Barnoota

# Ittiin Gaggeessuuf Qophaa’e

Hagayya , 2013

# Qabiyyee

1. Seensa ........ 2
2. Kaayyoo Gooroo ........ 2
• Kaayyoo Gooree ........ 2
3. Barbaachisummaa Barnoota Yaalii ........ 3
4. Barnoota Yaalii kanarraa Bu'aaleen Eegaman ........ 4
5. Hojiilee Hojjataman ........ 4
6. Tooftaalee Raawwii Leenjii Hoggansa Barnootaafi Barsiisotaa ........ 5
7 Ulaagaa Filannoo Manneen Barnootaa Barnoonni Yaalii Ittigaggeeffamu ........ 10
8. Tooftaa Raawwii ........ 11
9. Hojiifi Ittigaafatamummaa Qaamolee Barnootaa Sadarkaa Sadarkaan Jiran ........ 11
10. Koreewwan Hordoffiifi Deeggarsaa ........ 18
10.3. Hojiilee Hordoffiifi Deeggarsaan Hojjataman ........ 19

## 1. Seensa

Aangoo Biiroo Barnootaa Oromiyaa keessaa inni ijoon meeshaalee sirna barnootaa sadarkaa biyyoolessaatti qophaa'an ka'umsa godhachuun sirna barnootaa sadarkaa 1ffaa duraa hanga kutaa 8ffaa akakuu barnootaa hundaafi Afaan Oromoo sadarkaa 2ffaa haala qabatama naannootti madaqsuun qopheessee hojiirra oolchuudha.

Sirni barnootaa fooyya'ee bara barnootaa 2014 irraa eegalee akka hojiirra ooluu danda'utti, meeshaaleen sirna barnootaa bu'uuraa sadarkaa biyyoolessaatti qophaa'an haala qabatama naannoo keenyaan madaqsinee yeroo ammaa kana qophiin kitaabilee barattootaafi qajeelcha barsiisotaa sadarkaa naannootti gaggeffamaa jira. Qophiifi raawwiin hojii sirna barnoottaa hirmaannaafi qindoomina qooda fudhattootaafi dhimmamtootaa sadarkaa naannoo hanga mana hawaasa bal'aa barbada.

Kanaafuu, hojiin sadarkaa naannoofi biyyoolessaatti hojjetamu gurmaa'inaafi hoggansa mataa isaa kan qabu ta'ee, milkaa'ina raawwii barnoota yaalii sirna barnootaa haarawaa manneen barnootaa filataman keessatti caasaan barnootaafi qooda fudhattootniifi dhimmamtootni sadarkaa naannoo, godinaa/bulchiinsa magaalaa hanga hawaasa mana barnootaa gahee isaa beekee tumsa irraa eegamu gochuun murteessaadha.

## 2. Kaayyoo Gooroo

Adeemsa qophiifi raawwiin sirna barnootaa haarawaa gurmaa'insafi hoggansa cimaa caasaalee barnootaa; tumsaafi quuqama qooda fudhattootaafi dhimmatootaan harcaatii malee hojiitti hiikameen barnoota yaalii manneen barnootaa filataman keessatti qulqullinaan hordofamuun sirnabarnootaa haaraa ga'umsa qabu qophaa'ee dhaloota dorgomaa ta'e horachuudha.

- ## Kaayyoo Gooree

  - Hojiirra oolmaa barnoota yaaliifi guutummaatti hojiirra oolchuuf koree olaanaa (Steering Committee) ijaaruun oolaantummaan akka hoogganu gochuuf.
  - Galteewwan barnoota yaaliitiif barbaachisan adda baafachuun qindeessuun qophii taasisuuf,

- Haala ulaagaa taa'een manneen barnootaa hojii barnoota yaaliif ta'an filachuuf,
- Moojula leenjii madaqiinsaa hoggantootaafi barsiisota manneen barnootaa yaaliifi guutummaan hojiirra oolu keessa jiran ittiin leenjisuuf Ministeera Barnootaa irraa ergamu gara naannootti madaqsuun hiikuu maxxansiisuufi raabsuu.
- Hoggantootaafi barsiisota manneen barnootaa yaaliif filatamaniif leenjii madaqiinsaa kennuuf
- Iddoo hanqinni barsiisotaa jiru adda baafachuun qaxaruufi leejii kennuun gara hojiitti bobbaasuu/kutaa 11ffaa/
- Baajata hojichaaf barbaachisu karoorsuuf hojiirra oolchuuf,
- Koree hodoffiifi deeggarsa kennan ijaaruun dokumentiiwwan barbaachisan qopheessuun hojiirra oolchuuf,
- Meeshaalee baruu-barsiisuu galteewwan hordoffiifi deeggarsa irraa qindaa'etti fayyadamuun kitaabilee barnootaa fooyyessuun maxxansaaf qopheessuu.
- Meeshaalee baruu-barsiisuu qulqullina qabu maxxansiisuun bara 2015tti guutummaatti hojiirra ooluuf qopheessuuf,

## 3. Barbaachisummaa Barnoota Yaalii

Sirni barnootaa barnoota waliigalaa biyyattii yeroo darbe hojiirra oolaa ture kan beekumsa xabboo, barnoota gochaan raawwatamufi barnoota safuu kan ofkeessattii hinhammanne, akkasumas gahumsa barbaachisu kan hinkennineefi ogummaalee jaarraan 21 qabu kan ofkeessaa hinqabne beekumsa, dandeetiifi ogummaa, fedhii addaafi dandeetii addaa qaban kan hinkeessumeessine ture.

Rakkoolee armaan olitti ibsaman kanneen furuuf erga qorannoon bal'aan gaggeeffameen booda sirni barnootaa haaraan qophaa'eera. Sirna barnootaa haaraa kana guutumaan guututti hojiirra oolchuun dura qulqullinifi gahumsi meeshaalee baruu-barsiisuu (kitaabni barataafi qajeelchi barsiisaa) galteewwan barbaachisaa ta'an qindeessuun, adeemsa hojii baruu-barsiisuu hordofuuniifi deeggaruun rakkoolee mudatan sakatta'uun galee achiirraa argameen meeshaalee baruubarsiisuu fooyyessuu, akkasumas barsiisotaafi hoggansa barnootaa leenjisuun qulqullina kenniinsa barnootaa

fooyyessuun bara barnootaa 2015tti sirna barnootichaa guutumaan guututti hojiirra oolchuudha.

## 4. Barnoota Yaalii kanarraa Bu'aaleen Eegaman

- Ulaagaa qophaa'een manneen barnootaa barnoota yaaliif filatamanii qophii taasisaa jiru.
- Hoggansi barnootaafi barsiisonni manneen barnootaa filataman keessa jiran hundi leenjii madaqiinsaa sirna barnoota haaraa fudhatanii gara hojiitti nibobba'u.
- Akaakuu barnootaa hundaan kutaalee armaan olii keessatti barnoonni yaalii gaggeeffamee meeshaalee baruu-barsiisuu/ Kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa/ fooyyessuuf gargaaraman qindaa'anii sirni barnootichaa fooyya'ee maxxansaaf qophaa'a.

## 5. Hojiilee Hojjataman

Yeroo hojii barnoota yaalii keessatti hojiiwwan gurguddoon raawwatamuu qaban;

- Karoora hojiirra oolmaa barnoota yaalii qopheessuun hojiirra oolchuu.
- Haala ulaagaa qophaa'een manneen barnootaa yaaliif filataman filachuu.
- Baajata raawwii hojiitiif barbaachisan adda baafachuun ramachisiisu.
- Kutaalee yaaliin ittigaggeeffamuuf kitaabilee akaakuu barnootaa hundan haala qusannoo qabuun maxxansiisuun raabsuu.
- Moojuloota leenjii hoggantoota barnootaafi barsiista barnootaa yaaliifi guutummaatti hojiirra oolcha ittiin leenjifamu qoheessuun maxxansiisuufi raabsuu.
- Hirmaattota leenjii leenjistootaa adda baafachuun leenjisuu.
- Koree olaanaa (Steering Committee) olaantummaan yaalii kana qindeessuu dhaabuu; Cheekliistii hordoffiifi deeggarsaa qopheessuun deeggaruu.
- Maatii manneen barnoota barnoonni yaaliifi guutummaan hojiirra oolu keessaa ijoollee qabaniifi barattoota manneen barnootichaatiif kaayyoo hojiirra oolmaa sirna barnootaa haaraa ibsuufiin hubannoo kennuu.

- Barnoota Teeknikaafi Ogummaa kutaa 11ffaa keessatti kennamuuf fiildiiwwan kennamuu qaban manneen barnootaan adda baasuu, fedhii barattootaa adda baasuu, qaxarrii barsiisotaa gaggeessuu leenjii kennuun hojiitti bobbaasuu.
- Koree hordoffiifi deeggarsaa dhaabuun dokumeentiiwwan baraachisan qopheessuun hojii gaggeessuu.
- Hojii barnoota yaalii haala saganteeffameen adeemsisuu.
- Ragaa walittiqabuu, gurmeessuufi galteewwan argaman irratti hundaa'uun qopheessitoonni kitaabilee barattootafi qajeelcha barsiisotaa akka fooyyessan gochuu.

## 6. Tooftaalee Raawwii Leenjii Hoggansa Barnootaafi Barsiisotaa

- **Leenjii Leenjistootaa**

  Leenjiin leenjistootaa kan gaggeeffamu wirtuu leenjii BBOn itti filatu irratti ta'e karaa dijitaal teeknolojiitiin gama qopheessitoota sirna barnootaa Ministeera Barnootaan ta'a. Haalli leenjicha itti aanuu (Cascading System of Training) wirtuu sadarkaa godinaalee iddoo 1 ykn 2 yoo godinni baay'ee kan bal'atu yoo ta'e 3tti haala qabatamaa godinichaatiin kan hojiirra oolu ta'a.

- **Qabiyyeewwan Leenjii**

**6..1. Barsiisotaaf**

- Moojuula damee riiformii barnootaa (Education Reform Branch Reform);
- Moojuula Hammattoo Sirna Barnoota Waliigalaa;
- Moojuula Barnoota Yaaliifi Hojiirra Oolmaa Guutuu
- Moojuula Barnoota Sadarkaa 1ffaa Duraa
- Akaakuu barnootaa kitaaba barattootaafi qajeelcha barsiisaa sadarkaa 1ffaa moojuula tokko tokko, ida'amaan moojuloota 2x9=18
- Akaakuu barnootaa kitaaba barattootaafi qajeelcha barsiisaa sadarkaa giddugaleessaa moojuula tokko tokko, ida'amaan moojuloota 2x11=22

### 6..2. Hggantoota Barnootaaf

- Riifoormii dame barnootaa
- Hammattoo Sirna Barnoota Waliigalaa
- Haala adeemsaafi hoggansa barnoota yaaliifi hojiirra oolmaa guutuu
- Siilabasii
- Kitaabilee barattootaafi moojuloota
- Qajeelcha barsiisotaa
- Maanuwaalota gara garaa sirni barnootaa haarofti ittiin madaalamu

### 6..3. Hoggansa Barnootaatiif

- Riifoormii dame barnootaa
- Hammattoo Sirna Barnoota Waliigalaa
- Haala adeemsaafi hoggansa barnoota yaaliifi hojiirra oolmaa guutuu
- Maanuwaalota gara garaa sirni barnootaa haarofti ittiin madaalamu

- **Leenjifamtoota**

  Manneen barnootaa sagantaa leenjii madaqiinsaa kana irratti naanoo keenya irra akka filatamaniif kootaan kenname BSTD dabalatee sadarkaa 1ffaafi giddugaleessa irraa **80**fi sadarkaa 2ffaa irraa **37** walumaagalatti manneen barnoota 391 filatamaniiru. Dabalataan barsiisonni kutaa 11ffaa akka leenjii kana irratti hirmaatan karoorfameera.

### 6..1. Barsiisota

- Barsiisonni BSTD mana barnootaa tokkoon **2 x 80= 160**
- Barsiisota (kutaa 1-6) barsiisota akaakuu barnootaan **2 x 9 x 80= 1,440**
- Barsiisota Sadarkaa Giddugaleessaa Kutaa 7ffaa **2 x 12 x 80= 1,920**
- Barsiisota Sadarkaa 2ffaa (kutaa 9-10) akaakuu barnootaa **3 x 12 x 37= 1332**

  **Waliigala Barsiisota = 4,852 tuu leenji'a jechuudha**

6..2. **Hoggansa Manneen Barnootaa**

- **Hoggansa manneen barnoota Sadarkaa 1ffaafi Giddugaleessaa irraa;**
  - Dura bu'aafi I/A/Manotaa tokko irraa **3 x 80= 240**
  - Supparvaaayizara kilaastarii **1 x 80= 80**
  - I/G/Waajjira barnootaa godinaa/bulchiinsa magaalaa ogeessota sadi (Sirna barnootaa, misooma barsiisotaafi fooyya'iinsa manneen barnootaa irraa) = **3x40= 120**

    **Ida'ama 440**

- **Hoggansa manneen barnootaa sadarkaa 2ffaa irraa;**
  - Dura bu'aafi I/A/mana barnootaa tokko irraa **3 x 37= 111**
  - Supparvaaayizara sadarkaa 2ffaa **1 x 37= 37**
  - I/G/Waajjira Barnootaafi ogeessota sadi (Sirna barnootaa, misooma barsiisotaafi fooyya'iinsa manneen barnootaa irraa) = **4x37= 148**

  **Ida'ama 296. Ida'ama waliigalaa Barsiisotaafi hoggansa barnootaa 4,852+736= 5,588**

- **Leenjistoota**

6..1. **Leenjitoota Olaanaa (Master Trainers)**

- Adeemsa fooyya'iinsa (riifoormii) barnootaa, barnoota yaaliifi hoggansa barnootaa Ministeera Barnootaa irraa.
- Hammattoo sirna barnootaa, barnoota waliigalaa Ministeera Barnootaa irraa.
- Qophii siilabasii, kitaaba barattootaafi qajeelcha barsiisotaa akaakuu barnootaa hundaan ciminaan keessatti hirmaatan (BSTD nama 1 Sadarkaa 1ffaa irraa nama 8, Giddugaleessa irraa nama 11, Sadarkaa 2ffaa irraa nama 14 fi kutaa 11ffaa irraa nama 18 ida'ama leenjistoota olaanaa 54 ta'u.

### 6..2. Ulaagaa Filannoo Leenjitoota Olaanaa (Master Trainers)

- Qophii sirna barnootaa irratti qopheessuun olaantummaan hirmaatan.
- Muuxannoo leenjisuu kan qaban.
- Leenjii kennuuf fedhiifi kaka'umsa qaban.
- Dandeettii teeknolojii hammayyaatti fayyadamuu kan danda'an

### 6..3. Leenjii Leenjistootaa (ToT)

- Daree tokko keessatti leenjifamtoota **40**tiif leenjistoota **2** yoo ta'u leenjifamtoota barsiisota **4,852**fi hoggansa barnootaa **736** ida'ama **5,588/40= daree 140** keessatti leenjistoota **140x2= 280** gaggeeffama.

### 6..4. Ulaagaa Filannoo Leenjii Leenjistootaa

- Yeroo qophii sirna barnootaa gaggeeffamu keessatti hirmaannaa olaanaa qaban yoo ta'an nifilatamu.
- Muuxannoo leenjisuu kan qaban.
- Leenjii kennuuf fedhiifi kaka'umsa qaban.
- Dandeettii teeknolojii hammayyaatti fayyadamuu kan danda'an

### 6..5. Iddoo Leenjii

Iddoon leenjii itti kennamu sadarkaa manneen barnootaatiin adda bahanii, jechuun;

- Leenjii barsiisota BSTD mana barnootaa BSTD filatamu keessatti; **160/40=** Daree **4** keessatti leenjistoota **36**tiin kennama.
- Leenjii barsiisota Sadarkaa 1ffaafi Giddugaleessa mana barnootaa Sadarkaa 1ffaafi Giddugaleessa filatamu keessatti; barsiisota **1,332**fi hoggansa **440** ida'ama **3,800/40= Daree 95** keessatti leenjistoota **190t**iin kennama.
- Leenjii barsiisota Sadarkaa 2ffaa mana barnootaa Sadarkaa 2ffaa filatamu keessatti; **barsiisota 1,332**fi **Hoggansa Barnootaa 296 ida'ama 1,628/40= Daree 41** keessatti leenjistoota **82** tiin kennama.

### 6..6. Ulaagaa Filannoo Manneen Barnootaa Leenjiin Ittigaggeeffamu

- Galteewwan leenjiif barbaachisan kan keessatti gurmaa'e ta'uu qaba.
- Leenjicha meeshaalee teeknolojii hammayyaatiin deeggaruuf qophii gahaa qabu.
- Leenjistootaafi leenjitootaaf iddoo turmaataa boqonnaa mijaa'aa ta'e qabu.
- Geejjibaaf mijaa'aa kan ta'e.
- Mana barnootaa ibsaa, LCD, maashina baay'isaa, kompitaroota, pilaazmaafi kkf qaban ta'uu qaba.
- Shaayii, bunaafi bishaan haala salphaan argachuuf mijaa'aa ta'e

## 7. Ulaagaa Filannoo Manneen Barnootaa Barnoonni Yaalii Ittigaggeeffamu

- Sadarkaafi kutaa manneen barnootaa barnoonni yaalii ittigaggeeffamu gabatee armaan gadii keessatti ibsameera.

| Kutaa/gulantaa | Yeroo Hojiirra Oolmaa Sirna Barnootaa Haarawaa | | |
|---|---|---|---|
| | 2014 | 2015 | 2016 |
| BSTD Gulantaa 1 | yaalii | Hojiirra oolmaa guutuu | Madaallii waliigalaa gulantichaa |
| 1 | yaalii | Hojiirra oolmaa guutuu | |
| 2 | yaalii | Hojiirra oolmaa guutuu | |
| 3 | yaalii | Hojiirra oolmaa guutuu | |
| 4 | yaalii | Hojiirra oolmaa guutuu | |
| 5 | yaalii | Hojiirra oolmaa guutuu | |
| 6 | yaalii | Hojiirra oolmaa guutuu | |
| 7 | yaalii | Hojiirra oolmaa guutuu | |
| 8 | | Hojiirra oolmaa guutuu | |
| 9 | yaalii | Hojiirra oolmaa guutuu | |
| 10 | yaalii | Hojiirra oolmaa guutuu | |
| 11 | Hojiirra oolmaa guutuu | Hojiirra oolmaa guutuu | |
| 12 | | Hojiirra oolmaa guutuu | |
| | | | |

- **Barnoota sadarkaa 1ffaa duraa eegalee hanga sadarkaa 1ffaa (1-6), Giddugaleessa (kutaa 7ffaa)fi sadarkaa 2ffaa kutaa 9-10 barnoonni yaalii nigaggeeffamffama.**
- **Kutaa 11ffaa keessatti guutumaan guututti sirni barnootaa haarofti hojiirra oola**

## Baayina manneen barnootaa filataman

- Manneen barnootaa sadarkaa BSTD, Sadarkaa 1ffaafi Giddugaleesssaa **80** akka haala qabatamaa naannoo keenyaatti kan filataman yoo ta'u godinaalee **21x2=42** fi bulchiinsa magaalotaa **19x2=38** ta'u jechuudha.
- **Ulaagaa Manneen Barnootaa Barnoonni Yaalii Keessatti Gaggeeffamu Ittifilataman**

Sirna barnootaa haaraa kana guutumaan guututti hojiirra oolchuun dura manneen barnoota muraasa keessatti hojiirra oolmaa isaa sakatta'uun barbaachisa. Manneen barnootaa sakatta'iinsi itti gaggeeffamuu qabus manneen barnoota gurmaa'iinsa, humna namaafi hojimaata fooyyee qaban keessatti ta'uu qaba. Kanaaf manneen barnootaa filataman ulaagaa armaan gadii guutuu qabu.

- Manneen barnootaa filataman BSTD irraa hanga kutaa 8ffaafi kutaa 9-12 kan ofkeessatti qaban ta'uu qaba.
- Haalli gurmaa'iinsa isaani manneen barnootaa naannawa jiran irra fooyyee kan qabantu filatama.
- Barsiisota sadarkaa barnootaanis ta'ee ga'umsaan fooyyee qaban keessatti argaman.
- Hoggansa cimaa qaban.
- Kenniinsa deeggarsaafi hordoffiif mijaa'aa kan ta'an.

## 8. Tooftaa Raawwii

Barnoota yaalii gaggeeffamu milkeessuuf tooftaalee raawwii armaan gadii hojiirra oolchuudha.

- Ulaagaa bahe irratti hundaa'uun manneen barnoota yaalii filachuu.
- Barsiisonni manneen barnoota yaaliif filtaman keessatti argaman hundi adeemsa barnoota yaalii keessatti hirmaachisuu.
- Hoggansi barnootaafi hojjattoonni manneen barnoota yaaliif filtaman keessatti argaman hundi ga'umsaan akka deeggaran taasisuu.
- Barsiisonni manneen barnoota yaaliif filtaman keessatti argaman hundi qabiyee kitaabilee baruufi barsiisuufi akkamitti akka barsiisan leenjiin akka kennamuuf gochuu.
- Manneen barnoota yaaliin gaggeeffamu keessatti koree barnoota yaalii kana hojiirra akka oolu taasisuufi hordofu hundeessuun adeemsicha guyyaa guyyaan hordofee torbaan torbaaniin waajjira barnoota aanaa, godinaafi bulchiinsa magaalaatti gabaasa.
- Muummeewwan barnootaa manneen barnootaa yaliin keessatti gaggeeffamu raawwii hojii torbaan torbaaniin akaakuu barnootaan madaalanii koree sadarkaa mana barnootaatti dhaabbatetti gabaasu.
- Manneen barnoota yaalii hundi garee aanaa, godina, naannoofi Ministeera Barnoota irraa hojii hordoffiifi madaalliif deemaniif ragaa barbaachisu kennuu.

## 9. Hojiifi Ittigaafatamummaa Qaamolee Barnootaa Sadarkaa Sadarkaan Jiran

### 9.1. Biiroo Barnoota Ormiyaa

- Hojii barnoota yaalii naannoo isaa olaantummaan hogganuu
- Karoora hojiirra oolmaa barnoota yaalii qopheessuun hojiirra oolchuu.
- Karoora qophaa'e caasaalee naannoo gadi jiraniif gadi buusuufi hubannoo kennuu.
- Sadarkaa naannootti garee hordoffiifi deeggarsa hojiirra oolmaa barnoota yaalii kennan dhaabuun leenjii kennuun hojii keessa galchuu.

- Sadarkaa naannootti koree olaanaa hogganaa BBO durfamuun raawwii hojii barnoota yaalii hogganuufi koree teeknikaa Daayirektera Daayirektoreetii Qophiifi Hojiirra Oolmaa Sirna Barnootaan hogganamu dhaabuun adeemsa hojii barnoota yaalii hanga dhumaatti hordofu taasisuu.
- Manneen barnoota barnoonni yaalii ittigaggeeffamu waajjira barnootaa godinaa/bulchiinsa magaalaa waliin ta'uun filachiisuun wajjiin hojjachuu
- Hojii barnoota yaalii kana milkeessuuf leecalloo barbaachisu barbaaduun walittiqabuu hojiirra oolchuu.
- Barsiisota Sadarkaalee barnootaafi akaakuu barnootaa sirna barnoota haaraa barsiisaniif maanuwaalii leenjii qophaa'e irratti hundaa'uun leenjii kennuu.
- Baajata hojii kana raawwachuuf barbaachisu karoorsuun akka hojiirra oolu gochuu, raawwii isaas hordofuufi deeggaruu.
- Dokumantiiwwaniifi meeshaalee gargaraa sirna barnootaaf sadarkaa sadarkaan barbaachisan manneen barnootaa ga'uu isaanii hordofuu.
- Ragaa odeeffannoon manneen barnootaa barnoonni yaalii ittigageeffamu irraa walittiqabamu kan Ministeera Barnootaan ergame manneen barnootaaf raabsuu, ragaan akka walittiqabamu gochuu.
- Qaamolee dhimmamtoota barnootaatiif dokumntiiwwan barnoota yaaliin walqabatee jiru akka hubannoo irraa argatan dhaqqabama gochuufiin galteewwan isaan irraa argaman walittiqabuu.
- Ragaalee barnoota yaaliin walqabatee jiru ogeessota, barsiisota, barattootaafi maatii irraa walittiqabuun qindeessuun kan BSTD, sadarkaa 1ffaafi Giddugaleessaa warra kitaailee qopheessaniif dabarsuun sirna barnootichaa fooyyessuufi kan sadarkaa 2ffaa Ministeera Barnootaatiif dabarsuu.
- Kitaabilee fooyya'an maxxansiisuun hojiirra oolmaa guutuu sirna barnootichaa haaraa bara 2015tiif qopheessuu.

**9.2. Waajjira Barnoota Godinaa/Bulchiinsa Magaalaa/Aanaa**

- Hojii barnoota yaalii godina/bulchiinsa Magaalaa/Aanaa isaa olaantummaan hogganuu
- Karoora hojiirra oolmaa barnoota yaalii qopheessuun hojiirra oolchuu.

- Karoora qophaa'e caasaalee barnootaa godina/aanaa jala jiraniif gadi buusuufi hubannoo kennuu.
- Sadarkaa godina/aanaatti garee hordoffiifi deeggarsa, garee hojiirra oolmaa barnoota yaalii hordofuufi deeggaru dhaabuun leenjii kennuun hojii keessa galchuu.
- Sadarkaa godinaatti/bulchiinsa magaalaatti/aanaa keessatti koree olaanaa raawwii hojii barnoota yaalii hoggganaa waajjira barnootaan hogganuufi koree teeknikaa abbaa adeemsaa/dursaa garee Qophiifi Hojiirra Oolmaa Sirna Barnootaan durfamu dhaabuun adeemsa hojii barnoota yaalii jalqabaa hanga dhumaatti hordofuu danda'u hundeessuu.
- Manneen barnoota barnoonni yaalii ittigaggeeffamu waajjira barnootaa aanaa wajjiin ta'uun filachiisuun hojjachuu
- Hojii barnoota yaalii kana milkeessuuf leecalloo barbaachisu barbaaduun walittiqabuu hojiirra oolchuu.
- Barsiisota Sadarkaalee barnootaafi akaakuu barnootaa sirna barnoota haaraa barsiisaniif maanuwaalii leenjii qophaa'e irratti hundaa'uun biiroo barnoota naannoo waliin ta'uun leenjii kennuu.
- Baajata hojii kana raawwachuuf barbaachisu biiroo barnootaa wajjiin ta'uun karoorsuun akka hojiirra oolu gochuu, raawwii isaas hordofuufi deeggaruu.
- Dokumantiiwwaniifi meeshaalee gargaraa sirna barnootaaf sadarkaa sadarkaan barbaachisaniifi biiroo barnootaa irraa ergaman manneen barnootaa ga'uu isaanii hordofuu.
- Meeshaalee ragaan odeeffannoon manneen barnootaa barnoonni yaalii ittigageeffamu akka walittiqabamu Ministeera Barnootaafi BBO irraa ergame manneen barnootaaf raabsuu, ragaan akka walittiqabamu gochuu.
- Qaamolee dhimmamtoota barnootaatiif dokumntiiwwan barnoota yaaliin walqabatanii jiran akka hubannoo irraa argatan dhaqqabama gochuufiin galteewwan isaan irraa argaman walittiqabuu.
- Ragaalee barnoota yaaliin walqabatee jiru ogeessota, barsiisota, barattootaafi maatii irraa walittiqabuun qindeessuun biiroo barnoota oromiyaatiif dabarsuu.

- Kitaabilee fooyya'an maxxanfamanii ergaman manneen barnootaa gahanii sirni barnootichaa haaraa hojiirra oolmaa guutuu jalqabuu isaa hordofuu.

**9.3. Manneen Barnootaa**

- Hojii barnoota yaalii mana barnootichaa olaantummaan hogganuu.
- Karoora hojiirra oolmaa barnoota yaalii qopheessuun hojiirra oolchuu.
- Karoora qophaa'e barsiisota, hojjattootaafi maatii barattootaa mana barnootichaaf hubannoo kennuu.
- Sadarkaa mana barnootaa keessatti koree olaanaa raawwii hojii barnoota yaalii dura taa'aa mana barnootaan hogganuufi koree teeknikaa I/A Dura Bu'aa Mana Barnootaan durfamu dhaabuun adeemsa hojii barnoota yaalii mana barnootichaa keessatti jalqabaa hanga dhumaatti hordofuu danda'u hundeessuu.
- Hojii barnoota yaalii kana milkeessuuf leecalloo barbaachisu barbaaduun walittiqabuu hojiirra oolchuu.
- Dokumantiiwwaniifi meeshaalee gargaraa sirna barnootaaf barbaachisaniifi biiroo barnootaa irraa ergaman manneen barnootaa ga'uu isaanii hordofuu.
- Meeshaalee ragaan odeeffannoon manneen barnootaa barnoonni yaalii ittigageeffamu akka walittiqabamu Ministeera Barnootaafi BBO irraa ergame manneen barnoota isaanii ga'uu isaa hordofuun, yoo isaan gahe ragaan barbaaddamu akka walittiqabamu gochuun gabaasuu.
- Qaamolee dhimmamtoota (maatii barattootaafi ogeessota naannoo mana barnootaatti argamaniif dokumntiiwwan barnoota yaaliin walqabatanii jiran irratti akka hubannoo irraa argatan dhaqqabama gochuufiin galteewwan isaan irraa argaman walittiqabuu.
- Ragaalee barnoota yaaliin walqabatee jiru ogeessota, barsiisota, barattootaafi maatii irraa walittiqabuun qindeessuun bulchiinsa magaalaaf/aanaaf dabarsuu.
- Kitaabilee fooyya'uun maxxanfamanii ergaman manneen barnootaa isaanii gahanii sirni barnootichaa haaraa hojiirra ooluu isaa mirkaneeffachuu.

### 9.4. Barsiisota

- Leenjii madaqiinsaa sirna barnootaa haaraa irratti hirmaachuu.
- Hojii barnoota yaalii haala saganteeffameeniifi ga'umsa barbaachisuun raawwachuu.
- Guca hordoffii raawwii barnoota yaalii qaama olaanaan qophaa'ee gadi bu'etti fayyadamuun adeemsa raawwii barnoota yaalii ilaalchisee qindeessuun torbaan torbaaniin qaama ilaallatuuf dhiyeessuu.
- Galteewwan hojii barnoota yaalii irraa argaman taableetiitti fayyadamuun karaa dijitaal teeknolojiitiin torbaan torbaaniin walittiqabuu.
- Hojiin barnoota yaalii haala ga'umsa qabuun akka hojiirra oolu barattootaafi maatii barattootaaf hubannoo uumuu.
- Ogeessota qaama olaanaa irraa raawwii hojii barnoota yaalii hordofuuf dhufaniif deeggarsa barbaachisu kennuufii.
- Hojii galma ga'iinsa raawwii barnoota yaaliif hanga danda'ameen deeggarsa yeroofi humnaa gochuufii.

### 9.5. Maatii Barattootaa

- Barattoonni mana jireenya isaanii keessatti barumsa isaanii akka qo'atan haala mijaa'aa uumuufii.
- Maatiin yoo xiqqaate ji'a tokkotti yeroo lama mana barnootaatti qaamaan argamuun, karaa telegiraamiiniifi kkf haala barnoota barattootaa hordofuu.
- Meshaalee baruu-barsiisuu barattootaaf barbaachisan guutuufii.
- Hojii mana barsiisonni kennaniif yeroon akka hojjataniifi yeroo isaanii haalaan akka ittifayyadaman deeggaruu, hordoffii taasisuufi karaa barruulee (dabtara) isaaniin barsiisota wajjiin yaada waljijjiiruu.
- Dhiibbaa hojii barattoota irra gahuu danda'u hir'isuu.
- Qabiyyeefi haala dhiyeessii sirna barnoota haaraa irratti ijoollee isaanii wajjiin mari'achuu, jiruufi jireenya guyyaa guyyaa isaanii wajjiin kan walitti hidhate ta'uu isaa hubachiisuu, yeroo isaan dandeettiifi beekumsa isaanii fooyyessaa deeman beekamtii kennuufii.

- Muuxannoo gaggaarii dhuunfaa isaanii ijoollee isaaniif qooduu.
- Waltajjiiwwan manneen barnootaa kan akka hojiirra hojii baruu-barsiisuu, deeggarsa taasifamuufi kkf irratti hirmaachuun hojii ijoollee isaanii raawwatan, muuxannoofi beekumsa isaanii mana barnootaaf qooduu.
- Barnoota yaalii sirna barnootaa haraa hojiirra oolchuuf hojiiwwan garagaraa manni barnoota hojjatu keessatti dammaqinaan hirmaachuu.

## 9.6. Barattoota

- Sagantaa manni barnootaa baasuun barnoota idilee isaanii osoo addaan hinkutin yeroon kutaa isaaniitti argamuun barnoota hordofuu.
- Kitaabilee barattootaafi meshaalee manni barnootaa dhiyeessuuf yeroo hunda qabatanii daree keessatti argamuun ittifayyadamuu.
- Barnoota barsiisonni daree keessafi alatti kennan tasgabbiin hordofuu, gilgaalota, hojii manaafi hojii garee barsiisonni kennan seera pirotokolii Koovidii eeguudhaan yeroon raawwachuu.
- Mana barnootaatti ta'ee mana barnootaan alatti barnoota isaaniitiin bu'a qabeessa akka ta'an yeroo isaanii haalaan ittifayyadamuu.
- Daree keessattis ta'ee dareen alatti barnoota kennamuuf sirriitti hordofuu, wanta isaaniif hingalle gaafachuufi gaafilee barsiisota irraa isaaniif dhiyaatu sirnaan deebii kennuu.
- Seera pirotokolii Koovidii hubannoo keessa galchuun hiriyoota isaanii wajjiin walgargaaruu.
- Yaadota galtee fooyya'iinsa hojiirra oolmaa barnoota yaaliif ta'an kennuu.
- Ogeessota qaama olaanaa irraa raawwii hojii barnoota yaalii hordofuuf dhufaniif deeggarsa barbaachisu kennuufii.
- Yeroo hojiin baruu-barsiisuu raawwatamaa jiru keessatti sababii quubsaa malee mooraa mana barnootaa keessa naanna'uu dhiisuu.
- Danbii mana barnootaa kabajuu, barsiisotaafi hojjattoota bulchiinsa mana barnootaa kabajuufi barattoota mana barnootichaa gidduutti walitti dhufeenya gaarii uumuu.

## 9.7.Kolleejjii Barnoota Barsiisotaa (KBB)

- Barnoota yaalii sirna barnoota haaraa manneen barnoota BSTD, Sadarkaa 1ffaa, Giddugaleessaafi Sadarkaa 2ffaa keessatti argamuun deeggarsa ogummaa kennuu.
- Barnoonni yaalii sagantaa kaawwameef keessatti akka raawwatamu hoggansa mana barnootaa waliin ta'uun deeggars supparviizyiinii gaggeessuufi barsiisotaaf yaad-deebii kennuu.
- Dhaabbilee barnootaa kana keessaa kan qophii kitaabileefi leenjii madaqiinsaa barsiisotaa irratti qooda fudhatan adeemsaafi raawwii hojii barnoota yaalii keessatti hordoffiifi deeggarsa gochuun ragaa galtee fooyya'iinsa sirna barnootaaf ta'an walittiqabuu.
- Raawwii hojii manneen barnootaa barnoota yaaliif filataman keessatti akkasumas bu'aawwan galmaa'an ilaalchisee madaallii waliigalaa gaggeessuu.

### 9.8. Dhimmamtoota Barnootaa

- Sirna barnoota haaraa iraatti hojiilee barnoota yaalii manneen barnoota yaaliif filtaman keessatti raawwatamaniifi kaayyoo isaa hubachuun wajjiin hojjachuu, galteewwan walitiqabamu irratti hirmaachuu.
- Ijoollee fedhii addaafi dandeettii addaa qabaachuun manneen barnootaa yaaliif filataman keessatti barataniif hojii baruu-barsiisuu irratti deeggarsa taasisuu.
- Hoggansiifi miseensonni waldaa barsiisotaa sadarkaa sadarkaan argaman barsiisota barnoota yaaliif filataman keessatti barsiisaniif deeggarsa barbaachisu kennuu.
- Manneen barnootaa barnnota yaaliif filamaniif deeggarsa gaafatamu irratti hirmaachuu.

## 10.Koreewwan Hordoffiifi Deeggarsaa

Hojii yaalii Kitaabilee baruu-barsiisuu Sirna barnoota haaraa barnoota waliigalaa milkeessuuf hojiileen hordoffiifi deeggarsa armaan gadii niraawwatamu.

10.1. Koree Hojii yaalii kana Olaantummaan gaggeessu dhaabuu (Steering Committee)

Miseensota;

### 10..1. Sadarkaa Naannootti

- Hogganaan BBO walitti qabaa koree olaanaati
- Itti aantonni Biiroo Barnoota Ormiyaa /Qindeessa kilasrara S/barnootaa Miseensa yoo ta'an
- Daayireektarri Daayirektoreetii Qophiifi Hojiirra Oolmaa Sirna Barnootaa barreessaa ta'a

### 10..2. Sadarkaa Godinaa/Bulchiinsa Magaalaa

- Hogganaan Waajjira Barnoota Godinaa/Bulchiinsa Magaalaa Walittiqabaa
- Qindeessitoonni Adeemsaalee hojii ijoo ta'an miseensa
- Qindeessaan Adeemsa Sirna Barnootaa barreessaa

### 10.1.5. Sadarkaa Waajjira Barnootaa Aanaa

- Hogganaan Waajjira Barnoota Aanaa Walittiqabaa
- Qindeessitoonni Adeemsaalee hojii ijoo ta'an miseensa
- Qindeessaan Adeemsa Sirna Barnootaa barreessaa

### 10.1.6. Sadarkaa Mana Barnootaatti

- Dura taa'aan mana barnootichaa Walittiqabaa
- Qindeessitoonni muummeewwanii ta'an miseensa
- I/A/Dura Bu'aan Mana Barnootaa barreessaa

## 10.2. Koree Teeknikaa

Koreen teeknikaa itti waamani isaa koree olaanaa hojiirra oolmaa barnoota yaalee (Steering Committee) ta'ee miseensota armaan gadi qaba.

### 10.2.1. Sadarkaa Biiroo Barnoota Naannoo irratti

- Daayireektarri Daayirektoreetii Qophiifi Hojiirra Oolmaa Sirna Barnootaa walittiqabaa.
- Dursaaan Garee Qophii Sirna Barnootaa Barreessaa
- Ogeessonni Muummee barnoota Sirna Barnootaa miseensota ta'u.

### 10.2.2. Sadarkaa Waajjira Barnoota Godinaa/Bulchiinsa Magaalaa

- Dursaaan Garee Qophii Sirna Barnootaa Walittiqabaa
- Ogeessonni Sirna barnootaa miseensaafi tokkoon isaanii keessaa barreessaa ta'a.

### 10.2.3. Sadarkaa Waajjira Barnoota Aanaa

- Dursaaan Garee Qophii Sirna Barnootaa Walittiqabaa
- Ogeessonni Sirna barnootaa miseensaafi tokkoon isaanii keessaa barreessaa ta'a.

### 10.2.4. Sadarkaa Mana Barnootaatti

- I/A/Dura taa'aa mana barnootaa Walittiqaba koree teeknikaa ta'a
- Miseensonni barsiisota akaakuu barnootaa yoo ta'an isaan keessaa tokko barreessaa ta'a.

## 10.3. Hojiilee Hordoffiifi Deeggarsaan Hojjataman

- Gurmaa'iinsa barsiisotaafi hoggansa barnootaa mijataan akka uumamu gochuun barsiisonni, hoggansi barnootaafi qaamoleen isaan ilaallatu hundi leenjii fudhachuu isaanii hordofuufi deeggarsa kennuu.
- Cheekliistii qopheeffachuun manneen barnoota akka iddattootti filataman keessatti argamuun hojii hordoffiifi deeggarsaa raawwachuu; gabaasa hordoffiifi deeggarsaa qindeessuun qaama ilaallatuuf yaad-deebii kennuu.
- Ministeera barnootaa wajjiin raawwii hojii barnoota yaalii ji'a jahaa gaggeessuu,

Godinaalee/bulchiinsa magaalotaa wajjiin kurmaana kurmaanaan madaaluun ciminaafi wantoota fooyya'uu qaban adda baafachuu, muuxannoo gaggaarii waliif dabarsuufi kallatti gara fuula duraa irratti waliigaluun gara hojiitti galuu.

- Manneen barnoota barnoonni yaalii keessatti gaggeeffamu irratti madaallii walittifufaa gaggeessuun bu'aa argame madaalaa deemuu.
- Barsiisonni barnoota yaalii barsiisan torbaan torbaaniin kitaabilee barnootaa sirna barnootaa haaraa barsiisan irratti madaalanii gaggeessuufi bu'a argame qindeessuun waajjira barnoota godinaa/bulchiinsa magaalaaf gabaasuu.
- Raawwii hojii barnoota yaalii sadarkaa godinaa/bulchiinsa magaalaa irratti ji'a tokko tokkoon madaallii gaggeessuun galteewwan argaman Biiroo Barnootaa beeksisuu, Biiroon ammoo baatii sadi sadiin godinaaleefi bulchiinsa magaalotaa waliin madaaluun Ministeera Barnootaa beeksisa.
- Caamsaa bara 2014tti BSTD kaasee hanga kutaa 8ffaatti kitaabilee barattootaafi qajeelcha barsiisotaa irratti galteewwan argaman qindaa'anii ogeessota kitaabilee qopheessanitti deebisuun akka fooyyessan taasifama.

## Sagantaa Raawwii Hojiirra Oolmaa Barnoota Yaalii

| Lakk | Hojiilee Raawwataman | Yeroo itti Raawwat | Qaama Raawwatu |
|---|---|---|---|
| 1 | Hojii barnootaa yaalii raawwachiisuuf karoorsuu. | Hanga 20/12/13 | Caasaalee barnootaa hunda |
| 2 | Baajata hojiif barbaachisu adda baafachuun ramaduu. | Hanga 30/12/13 | BBO,Godinaafi bulch.magaa |
| 3 | Karoora Raawwii hojii yaalii S/barnoota iratti Caasaa godinaafi magaalaa waliin mari'achuu. | Hanga 26/12/13 | BBO |
| 4 | Haala ulaagaa baheen manneen barnootaa haaraa yaaliin S/Barnootaa ittigaggeeffamu filachuu. | Fulbaana 02/01/14 | Godina/ Bulch Maga |
| 5 | Hoggansa banootaa manneen barnootaa filataman akkasumas hoggantoota godinaafi magaalaatiif oranteeshinii kennuu. | 15-20/ 01/14 | BBO, Godina, Mag. Aanaafi Mana Barnoota |
| 6 | Koree olaanaa (Steering Committee)fi koree teeknikaa sadarkaa biiroo hanga manneen barnootaatti dhaabuu. | Fulbaana 02/01/14 | BBO, Godina, Mag. Aanaafi Mana Barnoota |
| 7 | Moojuloota leenjii qopheessuu, gara afaan naannootti hiikuu maxxansuu, 'soft copy' erguu. | Hanga 20/01/14 | Ministeera Barn. fi BBO |
| 8 | Koree hordoffiifi deeggarsaa dhaabuu, dokumentii ittiin hordofamu qopheessuun hojii qindeessuu. | Hanga 15/01/14 | BBO, Godina, Mag. Aanaafi Mana Barnoota |
| 9 | Kitaabilee barattootaafi qajeelcha barsiisotaa qophaa'an manneen barnoota yaaliif filatamaniif maxxansiisuun raabsuu | 22/01/14 | BBO |
| 10 | Barsiisotaa, hoggantoota barnootaafi hojjatoota manneen barnoota yaaliif filtaman keessatti argamaniif leenjii madaqiinsaa kennuufii. | 25-30/01/14 | BBO, Godina, Mag. Aanaafi Mana Barnoota |
| 11 | Hojii barnoota yaalii gaggeessuu | 01/02/14 | Godina, Mag. Aanaafi Mana Barnoota |
| 12 | Raawwii hojii barnoota yaalii sadarkaa mana barumsaatti madaaluun gabaasuu | Torbee torbeen | Manneen Barnootaan |

| Lakk | Hojiilee Raawwataman | Yeroo itti Raawwatu | Qaama Raawwatu |
|---|---|---|---|
| 13 | Raawwii hojii yaalii S/barnoota sadarkaa godinaatti ykn bulchiinsa magaalaatti madaaluun biiroof gabaasuu | Ji'a tokko tokkoon | Godinaafi Bulch.Magaala |
| 14 | Raawwii hojii yaalii S/barnoota sadarkaa naannootti madaaluun bu'aa argaman irratti hojjachuufi Ministeera Barnootaaf gabaasuu. | Kurmaana kurmaanaan | BBO |
| 15 | Galteewwan sirna barnootaa fooyyessuuf gargaaran walitti qabuu. | Waggaa guutuu | BBO,Godina, Mag. M/Barn |
| 16 | Galteewwan sirna barnootaa fooyyessuuf gargaaran irratti hundaa'uun ogeessonni kitaabilee qopheessan akka fooyyessan gochuu. | Caamsaa bara 2014 | BBOfi Qopheessitoota |
| 17 | Kitaabilee barattootaafi qajeelcha barsiisotaa fooyyessuun kaameeraa reedii gochuu. | Waxabajjii bara 2014 | BBOfi Qopheessitoota |
| 18 | Kitaabilee barattootaafi qajeelcha barsiisotaa fooyyessuun kaameeraa reedii ta'e maxxansiisuun raabsuu. | Adolessa 2014 irraa egalee | BBO, Godina, Mag. Aanaafi Mana Barnoota |
| 19 | Barattoota kutaa 11ffaa fiildii barnoota teeknikaafi ogummaa filachiisuun, barsiisaa qaxaruun hojii jalqabsiisuu. | Hanga 30/01/14 | BBO, Godina, Mag. Aanaafi Mana Barnoota |